- Gannaa fi bona uffata wal fakkaataa akka jarri hin uffanne.[58]
- Dubartootaafhaalli mijataan akka taasifamu.
- Namoonni badii gurguddaa akka nama ajjeesuutiin hidhamanii fi namoonni liqiif qabamanii hidhaman bakka tokkotti akka hin hidhamne.
- Nyaanni jaraaf kennamu nyaata qulqulluu fi isuma humni nageenyaa nyaatuun wal fakkaataa akka ta'u.
- Namoota salaatuu barbaadanuuf haalli akka mijatu.
- Kanneen dhukkubsatanii fi rakkinni adda addaa irra qaqqabe yoo maatii jara tajaajilu hin qabaatin akka humna nageenya kabachiisu keessaa ramadameefii jara tajaajilanu.
- Bulchitoonni ammoo torbee keessatti guyyaa tokko (sanbata xinnaa) gara mana sirreessaa deemuun akka hidhamtoota daawwatan.
- Namoota yakka gurguddaadhaan qabamanii fi "ni miliqu." Jedhamanii sodaatamanu malee kaan hidhaa funyootiin akka hin bulles akeekkachiisaniiru.

Jijjiiramni kunis namoota hedduu akka dinqisiisee fi namoota mana sirreessaa keessa jiraataniif ammoo gammachuu guddaa jaraaf maddisiisuu irra dabree yeroo itti mana sirreessaa irraa turtii hidhaa jaraa xumuranii ba'anii itti bulchaa dinqii ta'e Umariin arganu hawwaa akka turan barreesitoonni gariin nuuf ibsu.

---

58 Yeroo qorraa uffata qorraaf ta'u, yeroo gubaas uffata gubaadhaaf ta'u akka uffatanu.

Kanuma waliin ammoo hojii isaa kanaan namoota dheebuu aangoo qabanu keessaa "adabamtootaaf tika akkasii gochun akka namni yakka irraa of hin qusanne taasisa." Jedhaniis kan qeeqanis turani.

• • • • •

❖ Umar fi man-kuusa qabeenya ummataa.[59]

Rakkoon kun rakkinoota bulchitoota baroota dabranii fi bara kanaallee osoo adda hin baasin huban keessaa isa tokko. Keessumaa bulchitoota bara kanaa (Nama Rabbiin tola isaatiin baraare malee.) biratti ammoo man-kuusa qabeenya ummataa onsuun fi akka qabeenya ofiitti itti fayyadamuun ulaagaalee bulchiinsaa akka waan ta'aniitti ilaalameera. Kun ammoo wal-amantii gidduu mootummaa fi ummataa jiru laaffisuu bira dabree hanga dhabamsiisu tokko ga'ee jira.

Akkuma dura dubbanne mee biyyoota hundaa ilaalaa.Biyyi ummanni mootummaa isaa amanu mee biyya kami? Biyyoonni hedduun keessumaa yeroo ammaa kana.Biyyi ummanni mootummaa isaarratti hiriira hin baane akka waan hin jirreeti.

Wanti guddaan kana fide ammoo maali jennee yoo yaadnu. Akkuman dura jedhe inni guddaan haqummaan dhabamuu fi wal-amanuun gidduu ummataa fi bulchiinsichaa dhabamuu dha. Eeyyee rakkinoonni biroon jiraatanus

[59]Baytal-maal.

rakkinni guddaan garuu jarreen kana lamaani. Keessattuu... akkamitti jiraata abboo! Hooooo...

Gootichi urjii jaarraa lammataa kun hoo dhimma kana akkamitti bahate laata? Mee walumaan haa ilaallu.

Durumarraa gaafa aangoon kun isarra kaayamu yeroo inni boo'u namni tokko itti siqee "Yaa Umar jaalalli ati qabeenya duniyaatiif qabdu hangami?" jedhee gaafateen. Umaris deebii gaaffii isaatiif "Tasuma hin jaalladhu." Jedhee deebiseef. Namtichi sunis "*Akkas taanaan hin sodaatin Rabbiin si gargaaraa.*" Jedhee biraa deeme.

Kana malees...

Akkuma mata-duree dabre keessatti dubbanne bara bulchiinsa Umar keessa ummanni bulchiinsa isaa jala ture rakkinoota tokkollee hin qabu ture. Sanarra dabree yeroo jiini soomanaa seenu fi yeroo ayyaanonni gurguddoon lamaan dhufanu hawaasa maraafuu meeshaaleen barbaachisanu ni hiramu. Uffannaas dabalatee jechuu dha..

Egaa ayyaanota gurguddoo lamaan keessaa yeroon Iid Al-Adahaa qaqqabe. Kanaafuu ilmaan namoota hundaatiifuu uffanni haarofti mimmiidhagoon hirame. Garuu uffannaa sana keessaa tokkollee ilmaan Umariif hin kennamne. Kanaafuu guyyaa Iidaa yeroo ilmaan namoota kaanii uffannaa haarawaan miidhaganii bahanu. Ilmaan Umar ammoo uffannaa moofaadhaan bahani. Ijoolleen dubraa ganda keessaa ijoollee dubraa Umariin "Isin ilmaan mootii

taatanii kana uffattanii baatuu? Maaliif uffannaa haarawa hin uffanne?!" jechuun qeeqani.

Ilmaan dubraa Umaris boo'aa gara abbaa jaraa dhufani. Wanta shamarran ganda jaraa jaraan jedhanis itti himan. Umaris akka malee dhiphate. Itti gaafatamaa man-kuusa qabeenya ummataas mindaa ji'a itti aanuu akka kennuuf gaafateen. Haa ta'u malee itti gaafatamaan man-kuusa qabeenya ummataa sun "kana dura ji'a kam dursitee fudhattee beekta? Mindaa ji'a itti aanuu fudhattee ammoo ji'a sana jiraachuu keetiif hammam ofitti amanta?!" jedheen.

Umaris jecha isaa kanaan gar malee rifatee "jechi kee dhugaa dha." Jedheen. Gara ilmaan isaattis gara galee "*Yaa ilmaan koo fedhii lubbuu keessanii cabsaa. Jecha hiriyoota keessaniis dagadhaa. Jannanni fedhii lubbuu ofii hordofanii hin argamu.*" Jedheenii jaras geggeesse.

Qabeenya ummataa irraa fayyadamuu dhabuu irraa kan ka'e uffata uffatu keessattillee haalli jireenya isaa dinqisiisaa dha.

Beekaan Nu'aymi jedhamu yeroo dhimma kana ibsu "Guyyaa jumu'aa tokko Umar barfatee jennaanan maaliif akka barfaten gaafadheen. Innis uffata tokko malee akka hin qabne. Uffanni isaa sunis waan miiccamee hin qooriniif uffata ittiin ummatatti ba'u akka dhabe natti hime. Jechi isaa na dhibnaanan dabarsee gaaffii biraa gaafadhe. 'Uffatoonni sunneen hoo maal maali?'n jedheen. Innis marxoo, marata fi

mudawwara dirhama 14n bitaman[60] akka ta'e natti hime." Jedha.

Beekaan Maymuun ibna Mihraan jedhamus yeroo nuuf himu. "Erga aangoo qabateen booda Umar waliin ji'oota ja'aaf tureera. Turtii kana keessatti uffata tokkicha malee irratti argee hin beeku. Torban guyyaa jumu'aatiin ni miiccata. Guyyoota tokko tokko ammoo abaaboo diimaadhaa[61]n of urgeessa." Jechuun dubbata.

Ilmi wasiila Umar. Obboleessi haadha manaa isaa Maslamata binu Abdulmalik dubbatee "Guyyaa tokko mana Umar nagaa gaafachuuf yeroon deemu. Uffanni isaa xuratee jira. Anis haadha manaa[62] isaatiin akka isiin uffata kana irraa jijjiirtun itti hime. Isiinis 'tole' naan jettee dhiifte. Yeroodhaan booda ammas itti deebi'ee yeroon ilaalu uffannaadhuma isaa duraaniitiin jira. Anis aareen Faaximaa (haadha manaa Umar) lole. Isiinis '*Yaa Maslamaa Rabbiin natti haa ta'u Umar uffannaa kana malee hin qabu.*' Naan jette." Jedha.

Beekaan Amri ibnu Muhaajir jedhamu yeroo dubbatu "Qallabni maatii Umar guyyaatti dirhama lama (2) qofa ture." Jechuun nuuf gabaasa.

---

[60]Gatiin jaraa gadi bu'aa ta'uu agarsiisa.

[61]Wardii.

[62]Maslamaadhaaf obboleettii dha. Kanaafi kan inni itti siqee itti himuu danda'eef.

Umar akkitti inni qabeenya ummataarraa of qusate hanga "kun hoo maaliifi laata? Maal rakkoo qaba?!" nama jechisiisu tokko ga'a ture.

Guyyaa jumu'aa tokko gara masjidaa deemuu isaatiin duratti qaama dhiqachuu barbaadee ilmaan isaatiin akka bishaan qaama ittiin dhiqatu dhiheessanuuf gaafate. Jarris meeshaan ittiin waraabanii dhiheessanuuf akka cabee fi kan biraa ammoo akka hin jirre itti himani.

Yeroo xiqqoodhaan booda garuu bishaan qaama ittiin dhiqatu sana waraabanii dhiheessaniif. Umaris "jalqaba meeshaan ittiin waraabdanu akka hin jirre natti himtani. Amma hoo eessaa fiddan?" jedhee gaafate. Jarris meeshaalee man-kuusa qabeenya ummataa irraa akka dhufee fi yeroo inni xumuru akka deebisanu itti himani. Inni garuu didee akka deebisanu ajaje. Jarrinis meeshaa sana irraa wanti hir'atu waan hin jirreef akka ittiin tajaajilamuuf irra deebi'anii gaafatani.

Inni garuu *"Tajaajilli meeshaan kun kennuu danda'u bishaaniin waraabanii keessaa fayyadamuu dha. Anis kana godhe jechuun meeshaa ummataatti heyyama ummataa malee fayyadameera jechuudha. Kanaafuu gonkumaa hin ta'u."* jedhee akka deebisanuuf jara ajaje.

Beekaan Sa'iid ibnu Abdurrahmaan jedhamu yeroo dubbatanu. "Umar yeroo xalayaa barreessullee yoo dhimma ummataa ta'e waraqaa man-kuusa qabeenya ummataa irraa

fayyadama. Garuu dhimma dhuunfaa isaa yoo ta'e waraqaa sana qabeenya ofiitiin yoo hin binne hin fayyadamu ture." Jechuun of eeggannoo inni qabeenya ummataa irraa godhu nuuf ibsu ture.

Akkasumas guyyoota keessaa guyyaa tokko man-kuusa qabeenyaa irraa shittoon[63] hawaasaaf hiramuuuf baafamee. Umaris yeroo kutaa shittoon jiru sana seenu funyaan qabatee seene. Itti gaafatamaan man-kuusichaas "Yaa Umar ati ofiin hin dibanne. Fooliin isaa ofiin sitti dhufe. Maaliif funyaan qabatta?" jedhee gaafate. Umaris deebii gaaffii isaatiif *"Tajaajilli shittoon kun kennu foolii gaarii dha. Fooliin sun funyaan koo seene jechuun ammoo tajaajilameera jechuu dha."* Jechuun deebiseef.

Kana malees moora mana keessattillee ibsamu yoo kan qabeenya isaatiin bitame hin taane. Yeroo dhimmi moorichi boba'u dhimma ummataa hin ta'in maatii isaa waliin dukkana keessa akka taa'anu beekaan Amri ibnu Muhaajir jedhamu nuuf hima.

Mee haa xiinxallu of eeggannoon inni qabeenya ummataatiif godhu akkuma reefuu jenne "Kun hoo maal jechuu dha?!!!" hanga nama jechisiisu tokko ga'a.

Hunda himnee fixna jechuuf hin dandeenyu.Mee taatee kana ilaallee gara mata-duree itti aanuutti haa tarkaanfannu.

---

[63]Urgooftuu.

Bara bulchiinsa isaa keessa dhaabbilee rakkina hawaasaaf furmaata kaa'anu hedduu hundeessee jira. Sana keessaa tokko dhaabbata namoota harka qalleeyyiidhaaf nyaataa fi dhugaatii jara barbaachisu jaraaf hiru ture. Garuu akkuma dhaabbaticha hundeesseen maatii isaatiin akka jarri hirmaata dhaabbaticharraa kennamu keessaa tokkollee akka hin fayyadamne jara akeekkachiisee ture.

Yeroo tokko haati manaa Umar Faaximaan ulfooftee osoo jirtuu aannan kajeelte.[64] Garuu aannan sana argachuu hin dandeenye. Bitachuufis dirhama ykn diinaara ittiin bitattu hin arganne. Tajaajiltuun isii tokko haala isii kana argitee waan gadditeef gara dhaabbata sanaa deemuun aannan qodaatti naqxee osoo fidaa jirtuu Umar karaarratti isii arge. Maal akka inni ta'ee fi eessaa akka fidaa jirtus gaafateen. Isiinis "haati manaa kee ulfa. Haala kana keessatti ammoo aannan kajeelte. Argachuu ammoo hin dandeenye. Dubartiin ulfi waan kajeelte yoo hin argatin ilmoo sana irratti dhiibbaa uuma. Ulfi sunis hanga bu'uutti deemuu danda'a. Kanaafan dhaabbata hirmaata nyaataa fi dhugaatii harka qalleeyyii irraa fideef." Jettee itti himte.

Umaris akka haati manaa isaa dhageessutti sagalee isaa ol kaasuun "Ilmoon keenya yoo nyaataa fi dhugaatii harka qalleeyyiitiin malee hin taa'u ta'e. Rabbi isa hin teessisin." Jedhee dubbate. Faaximaanis dhageessee maal akka ta'e

---

64 Kajeellaa dubartoonni yeroo ulfaa kajeelanu.

gaafataa gadi baate. Umaris taatee hundumaa itti hime. Isiinis tajaajiltuu isiitiin "Rabbiin natti haa ta'u aannan kana hin dhandhamu. Kanaafuu bakka futetti deebisi." Jetteen. Isiinis daddaffiin bakka fiddetti deebifte.

• • • • •

❖ Misoomaa fi sirna hoggansa lafaa keessatti.

Hoggansa lafaatiin wal qabatee bulchitoonni isa dura dabarfatan haala ulfaataa fi hawaasaaf hin mijanne. Akkasumas haala tuutni ykn murni xiqqaan ittiin fayyadamuun hogganaa akka turan barreessitoonni hedduun ni ibsu.

Kana malees maddi galii man-kuusa qabeenya ummataa inni guddaan fi dhaabbataan galii gibira lafarraa argamuutiin waan ta'eef to'annoo fi fayyadama isaa haala hammaataa keessa akka godhanis barreesitoonni ifa godhanii kaa'u.

Qabiyyee lafaa kamiyyuu namni tokko dhuunfachuu hin danda'u. Kan inni danda'u qaama biyya bulchu irraa kireeffachuu qofa. Kanas kan gochuu danda'u abbootii qabeenyaa, dura bu'ootanaannolee fi gosootaa fa'a.

Kanaafuu irra hedduun ummataa misooma lafaa irraa fagaachuun daldala qofarratti hirkatee akka jiraatu isa taasiseera. Garuu oomishni lafarraa argamu xiqqaa waan ta'eef meeshaalee daldalanu baay'inaan biyyoota oomisha